

**Aangoo Abbaaseerum
fi Manneen Murtii.**

SDFHH:

**Sagantaa LHD(marsaa
Offaa)**

Dhugumaan: Gammachiis

**waxabajji , 2005
Adaamaa**

Seensa waliigalaa

1. SDFHH-deemsa itti mirgootnifi dirqamootni seerota bu'uuraa (substantive) kaa'aman hojii irra oolani dha. It is a '**means to an end'; not an end in itself,**
2. Tumaaleen seera deemsa falmii kuni bakka adda addaatti argamu.
 - A.Heera mootummaa-caaseffama manneetii murtii fi hariiroo manneetii murtii federaalaa fi naannooleen qaban irratti.
 - B.Koodii SDFHH.
 - c. Seerota biroo sadarkaa federaalaa fi naannootti bahan SHH,SD,SM,
 - labsii M/M federaalaa hundeessuuf bahe lakk.25/88, 321/95 ,138/91.
 - Labsii lakk.141
 - D.Murtiiwwan dhaddacha ijibbaataa

3. kaayyoo SDFHH

Akka waliigalaatti kaayyoon waliigalaa seera deemsa falmii(procedure) mannetiin murtii dhimmootni mana murtiitti dhiyaatan haala madaalawaa(fair) ta'een yeroo gabaabaa fi baasii xiqqaadhaan fala akka argatan gochuu dha.

4. Tumaalee SDFHH keenya hiikuun yoo barbaachise haala kamiin hiikamuu qabu?

-Kaayyoo seera deemsa falmii waliin ---
to effect just results by eliminating delay, unnecessary expense and all other impediments to the expeditious administration of

5. Tumaaleen koodii seera deemsa falmii sivilii (CPC) haala kamiin hiikamuu qabu?

- Qajeeltoo waliigalaa itti tumaaleen seera deemsa falmii hiikamu waliin ilaaluudhaan.
- Amala addaa koodichaa waliin ilaalamuu qaba.
- SDFHH keenya hogguu ilaallu,.
 - ✓ Bifa “decree” waan bayeef mariin seera baaftuu irratti hin taasifne.?
 - ✓ Baay’een isaa SDFHH biyya Hindii irraa fudhatame.
 - ✓ SDFHH dura Afaan Ingiliffaatiin wixineefamee Afaan Amaaraatti hiikkame.
 - ✓ Tumaaleen warabbii Afaan Ingiliizii immoo baay’een isaanii SDFHH biyya Hindii tiin walfakkaata.
 - ✓ Guutummaatti ta’uu baatus bu’uuraan sirna Adversarial dha.
 - ✓ Caaseffama Federaalizimii ammaa ilaalcha keessa kan galche miti.

Aangoo

- Aangoo A/seerummaa vs Aangoo M/murtii
- judicial power vs Jurisdiction of courts

A. Aangoo Abbaa Seerummaa : Judicial power

- Aangoo Abbaa seerummaa **dhimmootaa fi waldiddaawwan**("cases" and "controversies,") adda addaa dhaggeeffachuun bu'uura seeraa fi adeemsa seeraan diriirfame hordofuun murtii dirqisiisaa ta'e kennuu ti.
- HFDRI kwt.79 fi HMNO kwt. 63 (1) tiin Aangoon Abbaa seerummaa M/murtiidhaaf kennameera.
- Bu'uura Heera lameen kwt. 37 aangoon kun **dhimmoota murtiidhaan furmaata argachuu danda'an (justiciable matter)** qofarratti kan daangeffame dha.

Heera Mootummaa federaalaa

Article 37 Right of Access to Justice

1. Everyone has the right to bring a **justiciable matter** to, and to obtain a decision or judgement by, a court of law or any other competent body with judicial power.

- ማንኛውም ሰው በፍርድ ልወሰን የሚገባውን ጉዳይ ለፍርድ ቤት ወይም ለሌላ በሕግ የዳኝነት ሥልጣን ለተሰጠው አካል የማቅረብ ና ውሳኔ ወይም ፍርድ የማግኘት መብት አለው፡፡

➤ **Dhimmoonni kunniin dhimmoota akkamiiti?**

➤ **Dhimmoota murtiidhaan furmaata argachuu danda'an (justiciable matters)**

- Yaadrimee Aangoo Qaama Abbaa seerummaa daangessuuf diriiree dha; yaadrimeen isaa sirna qoqqoodinsa Aangoo heerri mootummaa kaa'e kan bu'uureffate dha.
- Dhimmi tokko mana murtiitti ilaalamuu kan danda'u dha kan jedhamu manni murtii dhimmicha irratti dandeettii furmaata gahaa kennuu yoo qabaate ykn furmaata dhumaa kennuu yoo danda'e dha.
- ✓ Dhimmoota murtiidhaan murtaayuu danda'an heerri mootummaa adda baase kaa'e hin jiru.
- ✓ Yaadrimeen kun heera mootummaa biyya Amerikaa keessatti kan hammatame yoo ta'u akka sirna kanaatti dhimmoota "justiciable matter" jedhaman addaan baasuuf haallan dirqama guuttamuu qaban yoo ilaalle;

1.MM Yaada Gorsaa (advisory opinion) Hin Kennu

- Dhimmi tokko yaada gorsaa ta'uu fi dhabuu isaa Ulaagaawwan bu'uuraan armaan gadii sadiin madaalamuu danda'a.
- Tokkoffaa-Dhimmichi qabatamatti kan falmisiise ta'uu.(actual controversy based on concrete issue-not a hypothetical legal question)
- Lammaffaa- Gareen wal falmu qabatamatti jiraachuu (if the opponents are not true adversaries, then any issued opinion would be advisory.)
- Sadaffaa- murtiin garee tokkoof kan kennamu yoo ta'e bu'aa kan hordofsiisu ta'uu qaba. (In any situation where the opposing party could ignore the ruling, then the opinion lacks finality and is in effect advisory. Declaratory judgments are justiciable as long as they present a real controversy.

2.Gaaffiin seerummaa kan Bilchaatee fi kan jiru (Ripeness And nonmootness) ta'uu qaba.

Lameenuu dhimmi falmisiisaan(actual controversy jiraachuu isaa argisiisa)

➤Dhimma bilchaate “ripe for review.” kan jedhamu

- ✓ Dhimmi tokko Mana murtiitti ilaalamuuf kan qophaa'e ta'uu (readiness for adjudication) qaba.
- ✓ Himataa irra miidhaan dhaqabe yoo hin jiraanne yookaan kan dhaqabuu hin dandeenye yoo ta'e kan bilchaate hin jedhamu
- ✓ Himataa irra miidhaan yoo dhaqqabe ykn ni dhaqqaba jedhamee kan sodaatamu yoo ta'e gaaffiin seerummaa kan bilchaate jechuu dha.

Non- Mootness

Dhimmi falmisiise fala kan argate yoo ta'e yookaan kan falmisiisu ta'uun isaa yoo hafe jechuu dha. Dhimma dhiyaate ilaalchisee carraan miidhaan dhaqqabuu yoo hafaa ta'e ykn miidhaan dhaqqabe kan dhidhiibame yoo ta'e seerummaan gaafatame hafaa ta'a.

fkn mirga dhaaltotaaf hin darbine irratti himataan falmii jalqabee yoo du'e yookaan murtiin duratti araaraan yoo xumurame.

✓ Yaada kana kew.280 waliin akkamitti ilaaltu?

❖ 3. Gaaffii Siyaasaa (A political question).

- Dhimmootni siyaasaa dhimmoota heera mootummaa keessatti namootni aangoo abbaa taayitaa qaban akka murteessan yookaan qaamni mootummaa seera baasu yookaan seera raawwachiisuuf guutummaatti kennaman fi imaammata bu'uureffatani dha.
- Ijoo dubbii (dhimmichaaf) furmaata kennuuf aangoo kan qabu qaama mootummaa kan biroo ta'uu heera keessatti kan ibsame yoo ta'e gaaffii siyaasaa waan ta'eef dhimma murtiidhaan furmaata argachuu danda'u miti.
- Yaadrimee manneetiin murtii dhimmoota aangoo qaamolee mootummaa birootiin fala argatan keessa galuu hin qaban jedhu irraa ti.(separation of power)

4.Mirga Himachuu (Standing or locus standi)

- **H**imannoon namoota miidhaan irra gaheen ykn irra gahuun isaa mirkanaa'een kallattiidhaan yookaan bakka bu'oota isaaniitiin dhiyaachuu qaba;(--- plaintiffs have sustained or will sustain direct injury or harm and that this harm is redressable.
- Yaadotni kun biyya keenyaafis akka madaalliitti nu gargaaruu danda'uu?

- Heera mootummaa kew.37 irraa wanti hubatamu
- Dhimma justiciable matter ta'e mana murtii idilee qofatu ilaala miti. Mana murtii idilee malee qaama biraa aangoo abbaa seerummaa qabuuf yoo kenname illee justiciable matter ta'uun isaa hin hafu.kana yoo ta'e immoo dhimmi tokko akka murtaa'uuf labsiidhaan qaama biraatiif kennamu illee “justiciable matter” ta'uun isaa hin hafu jechuu dha.
- Manneetiin murtii biyya keenyaa yaad rimee kana haala kamiin hubatanii hojii irra oolchaa jiru?



na murtii sadarkaa jalqabaa dhimmoo
lee murteesse dha. ka'umsi dhimmichaa
abbaa keenya irraa dhaalan nuuf darbe
s waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa waa
u qabeenyicha irraa mirga qabiyyee qabaa
tti mirkaneeffadhaa waan jedhamneef w
ka dandeenyuuf bakkicha irratti **mirga abba**
ka'uu kan nuuf mirkaneessu mana murtii i
nuun gaafataniiru. Manni murtichaa duraan
yaateen murteessus dhimmicha irratti Ejen
ormiin seenee falmee manni murtichaa
obatchi bu'uura labsii lakk.47/67 dhaala
a aangoon kennameef biratti iyyachuu

- Manni murtii ol iyyata dhaga'e dhimmicha irratti murtii kenneen qabeenyichi dhaalamuu isaa hin mirkanoofne waan ta'eef ragaan iyyattootaaf kennamuu qaba jechuudhaan murteesseera.
- Dh/Ij/MMWF L.G. 31906, ta'erratti ilaalee murtii kenneen bu'uura kwt. 1195 tiin abbumma beekke waraqaa ragaa abbaa qabeenyumma kan kennu qaama bulchiinsaa aangoon kennameefii dha.
- Qaamni kun akkaata raawwii isaatiifis dambii baasuuf aangoo akka qabu tumameera.

➤ Kanaaf kenniinsi waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa **qaama aangoo qabu kanaa danbii bahuun kan murtaa’u waan ta’eef**; gaaffiin ragaa abbaa qabiyyummaa akka mirkanaa’uuf gaafatamu durumaa iyyuu dhimma murtiin ilaalamu /Justiciable matter/ akka hin ta’in hubanneerra’’ jechuun murteesse.

➤ ተጠሪዎች የቤት ባለቤትነት የምስክር ወረቀት ለማግኘት እንድትል የይዞታ መብት ያለን መሆኑን የሚያረጋግጥ ማስረጃ ከፍ/ቤቱ ይሰጠን በማለት ያቀረቡት አቤቱታ ለፍ/ቤት ቀርቦ ዳኝነት ሊሰጥበት የማይችል ጉዳይ /Justicable matter/ ስላልሆነ አቤቱታው ከመነሻውም ቢሆን ተቀባይነት ሊኖረው አይገባም ነበር በማለት ወስነናል። **jedheera**.

- Dhimmicha irratti **sagaleen xiqqaan** yaada kenneen namootni ulaagaa seeraa barbaachisaa ta'e hunda guutanii garuu qaamni bulchiinsaa waraqaa ragaan abbaa qabiyyummma yoo dhorkate kanas hanga dhumaatti deemuun fala yoo dhaban mirga seeraan kennameef murtiidhaan akka hin kabachiifanne seerri dhorku hin jiru.
- Dhimmi akkasii mana murtiitti ilaalamuu hin danda'u jechuun namootni mirga seeraan kennameef (keewwata 1168 jalatti kennameef) qaama bulchiinsaana yoo sarbame mana murtiitti akka hin kabachiifamne kan godhu dha jechuun dhimmichi kan manni murtii ilaalu qabu dha jedheera .

Gaaffii marii

1. Yaada isa kam irratti waliigaltu ?

- Mirga seeraan ifatti caqasame tokko(fakkeenyaaf hayyama,ragaa)kan qaamni bulchiinsaa kennu ulaagaaleen seerichaan barbaadaman hundi guutanii garuu qaamni bulchiinsaa yoo raawwachuu baate namni mirga seerri eegeef qabu fala maalii qaba? Jettu?



❖ ii.Murtii dhaddacha ijibbaataa MMWF L.G. 48217 ,j-11

- Ka'umsi dhimmichaa himanna iyyattuun bulchiinsi magaalaa seeraan ala qabiyyee ko irraa na buqqaasee himatamaa 2 ffaadhaaf kenne waan ta'eef akka naaf deebisu kan jedhu dha. Manni ol aanaa bu'uura himanna dhiyaateen murteessu illee manni murtii waliigalaa dhimmichi bulchiinsaan kan ilaalamu malee kan manni murtii ilaalu qabu miti jedheera.
- dhaddachi ijibbaataa murtii kenneen manneetiin murtii dhimma tokko fuudhanii ilaalu fi murteessuu kan danda'an dhimma murtaa'uu danda'u (justiciable matter)yoo ta'e qofaa akka ta'e heera mootummaa kwt.79(B) fi 37(1) irraa hubatama. Dhimma qabanne kana irratti iddoo fi mana koo **seeraan ala na irraa fudhatame kan jedhuu fi** humna seeraan mirgi abbaa qabeenyummaa akka kabajamuuf kan gaafatte dha.

---- የአመልካች ጥያቄ ቤትና ቦታዬን ያላግባብ ተነጠቅሁ የሚልና በፍርድ ኃይል የንብረት መብታቸው እንደከበርላቸው የሚጠይቅ ነው። እንዲህ አይነት ጉዳይ በፍርድ እንዳያሌቅ የሚከለክል ሕግ የለለ ሲሆን ጉዳዩ አስተዳደራዊ ነው ልባል የምቸልበት ሕጋዊ ምክንያትም የለም።

----በመሆኑም ፍ/ቤቶች አንድን ጉዳይ ተቀብለው ማየት የሚችሉት ጉዳዩ በፍርድ የሚያልቅ ሲሆንና በሌላ አኳኋን እንደታይ በሕግ እስካልተወሰነ ድረስ ነው። ጉዳዩን እንዲዳኝ በሕግ ተለይቶ ስልጣን የተሰጠው አካልም የለም። በመሆኑም ጉዳዩ በፍርድ ልወሰን የሚገባው /Justiciable matter/ ጉዳይ እንጂ በአስተዳደር የሚያልቅ ጉዳይ አይደለም።Dhimmi akkasii immoo mana murtiitti akka hin dhumanne wanti dhorku hin jiru waan ta’eef dhimma bulchiinsaa ti kan jechisiisu miti jedhee jeequmsi akka dhaabbatu murteesseera.

Gaaffiilee marii

- Dhimmoota armaan olii irraa kaanee ejjennoo dhaddacha ijibbaataa yoo ilaalle

1. Dhimma tokko irratti murteessuuf (administrative) aangoon qaama biraaf ifatti kennameera yoo ta'e "justiciable" akka hin taane fi ifatti qaama biraaf hin kennamne yoo ta'e garuu "justiciable" akka ta'e tti fudhata.

Madaalliin kun HMFDR kew. 37 olitti ibsine waliin deemaa ?

-Non Justiciable matter vs dhimmoota mana murtiin ilaalamuu hin dandeenye



MMTarkaanfiiwwan bulchiinsaa akkamii ilaaluu danda'a?

C.Murtii Dh.Iji

- Dhimma galmee 57044 irratti murteesseen immoo Bulchiinsi magaalaa hayyama ijaarsaa erga kennee booda himataan erga ijaaree booda waajjirichi hayyamni ijaarsaa seeraan (qajeelfamaan ala) siif kenname waan ta'eef akka diigdu jedhee xalayaa barreesse. Manni murtii dhimma magaalaa sadarkaa sadarkaan jiran himatamaan jeequmsa haa dhaabu jechuun murteessan.
- Dhaddachi ijibbaataa qaamni bulchiinsaa murtiin kenne seeraan ala ta'uu isaa yoo mirkaneeffate ofumaa sirreessuudhaaf danda'a. himataan beenyaa gaafachuu mirga qaba malee manneetiin murtii jalaa jeequmsi akka dhaabbatu jechuudhaan murtiin kennan sirrii miti.
-

❖ D dhimma dhaddacha ijibbaataa 45091,

- Falmii bulchiinsa magaalaa finfinneetti waajjirri bulchiinsiaa fi misooma lafaa kutaa magaalaa Yakkaa lafa liiziidhaan namaaf kenne irraa hirrisuun kaartaas bu'uuruma sanaan sirreessuun namoota birootiif kan kenne himannoo MM tti dhiyaachuu qabu moo? miti? Kan jedhu ilaallata.
- Dhimmoota addatti bahuun murtii qaama bulchiinsaan xumura akka argatan jedhaman irratti manneetiin murtii aangoo **hundee dubbii waan hin qabneef** akkataa seeraan kaa'ameen qaama bulchiinsaan kan murtiin irratti kenname yookaan kennamuu qabu manni murtii keessummeessuu hin qabu.

➤ በሕግ ተለይተው በአስተዳደራዊ ውሣኔ እንዲቋጩ በተባሉ ጉዳዮች ላይ መደበኛ ፍርድ ቤት የመዳኘት የስረ ነገር ስልጣን ስለሌለው በሕጉ መሠረት አንድ አስተዳደር አካል ቀርቦ አስተዳደራዊ ውሣኔ የተሰጠበትን ጉዳይ ወይም ለአስተዳደር መቅረብ የሚገባውን ጉዳይ ፍርድ ቤት ሊያስተናግደውም ሆነ አከራክሮ ውሣኔ ሊሰጥበት አይችልም።

➤ s/d/f/s keew.4 jalattis dhimmoota seerota birootiin akka hin ilaalle dhorkaman irratti manneetiin murtii falmisiisanii murtii kennuu akka hin dandeenye kan argisiisu dha.

➤ kanaafuu dhimmoota murtii Qaamni bulchiinsaa kennuun fala dhumaa akka argatan kaa’aman irratti manneetiin murtii aangoo abbaa seerummaa akka hin qabne hubatamuu qaba.

➤ Dhimma qabanne irratti falmiin deebii kennitootaa waliigaltee liizii ol iyyataa 2ffaa waliin gooneen nuuf kenname irraa seeraan ala nu irraa hir'ifamee kaartaaniis haala kanaa sirraa'uun sirrii miti kan jedhu dha. dhimmi akkasii immoo seerri murtii bulchiinsaa bulchiinsi kutaa magaalaa kennuun fala dhummaa kan argatu ta'uu yookaan dhimmichi mana murtii idileetti ilaalamuu kan hin qabne ta'uu tumameeru hin jiru.

➤ በዚህ መልኩ የሚቀርበውን የዳኝነት ጥያቄ የክፍለ ከተማው አስተዳደር በሚሰጠው አስተዳደራዊ ውሳኔ የመጨረሻ እልባት የሚሰጥበት መሆኑን ወይም ጉዳዩ በመደበኛ ፍርድ ቤት ሊታይ የማይገባው መሆኑን የሚደነግግ ሕግ የለም።

- Bulchiinsi magaala aango kaarta kennuu, haquu, fooyyessee kennuu, dhorkuu kan qabu ta'u illee kaarta waliigaltee liizii bu'uureffachuun kenname deebisee seeraan ala yoo hir'ise tarkaanfii kana irratti gareen komii qabu mana murtiitti akka hin dhiyeessine qajeelfamni dhorku hin jiru. Inumaa bu'uura labsii lakk.361/95 kew.41 tiin aango mana murtii dhimma magaala ta'uu isaa argisiisa. Himma Walumaa galatti dhimma manni murtii ilaaluu qabu dha jedheera.

Gaaffii marii

Dhimmoota armaan olii keessatti tarkaanfiin qaamoleen bulchiinsaa fudhatan aangoo seeraan kennameef keessatti yoo ta'e manneetiin murtii aangoo hundee dubbii kan dhaban ta'uu fi qaamoleen kunniin aangoo hin qabneen kan murteessan yoo ta'e manni murtii ilaaluu akka danda'u hubachiisu.

➤ Qaamoleen bulchiinsaa kunniin murteessuuf aangoo qabaatan illee murtiin kennan qajeelfama kan cabse yoo ta'e lammiileen mana murtiitti hin achuu danda'u moo miti?



Qaama Aangoo Abbaa seerummaa qabu

- Aangoon A/seerummaa MM dhaaf qofa kenname?
- Heera mootummaa keewwata 37 fi 79 wal biratti yoo ilaalame;
- *kew.37 (1)* ማንኛውም ሰው በፍርድ ልወሰን የሚገባውን ጉዳይ ለፍርድ ቤት ወይም **ለሌላ በሕግ የዳኝነት ሥልጣን ለተሰጠው አካል** የማቅረብ ና ውሳኔ ወይም ፍርድ የማግኘት መብት አለው፡፡
- *79 (1)* በፌዴራልም ሆነ በክልል **ይዳኝነት ሥልጣን የፍርድ ቤቶች ብቻ ነው፡፡**
- *50(7)* የክ ልል **ይዳኝነት ሥልጣን የፍርድ ቤቶች ብቻ ነው፡፡**
- *Haala kamiin ilaalamuu qaba jettu?*



Qaamolee Aangoo Abbaa seerummaa qaban muraasa

- Tax appeal commission proc. 286/02
- Labor relation board proc. 377/02
- Privatization Agency proc. No. 110/95(amma hin jiru)
- Kebele social courts proc. No. 87/97,for ormia 128/99
- House of Federation (Heera kwt 62(1))
- Civil service Tribunal proc 262/02
- Sharia courts proc. 188/99

- Kanaafuu Aangoon Abbaa seerummaa kan manneetii murtii qofa jennaaree ?
- Dhimmoota justiciable matter ta'an irratti qaamoleen aangoo abbaa seerummaa qaban

1.Manneetii murtii idilee.

2.manneetii murtii idilee hin taane.

3. Qaamolee biroo aangoo abbaa seerummaa qaban.kew.37

Manneetiin murtii kan jedhaman kan idilee fi kanneen bu'uura kew.78(5) jalatti hammataman dabalata.

Heera mot.kew. 78(5)

Pursuant to sub-Article 5 of Article 34 the House of Peoples' Representatives and State Councils can establish or give official recognition to religious and customary courts.

Manneetiin murtii idilee dhimmoota qaamolee biroof kennaman kana irratti aangoo hundee dubbii  u. ³¹

Dhimmaa 1ffaa(F-8)

- Dhimma Dh/Ij/M/M/W/F tiin ilaallamee murtii argateen **(Lakk. G.23608)** himattoonni himannoo himatamaa irratti MMSDFtti dhiyeefataniin manneen seeraan ala mootummaan dhaalaman akka nuuf deebi'an biiroon hojii fi misooma magaalaa nuuf murteesse akka harka nu gahu Eejansii himatamaatti raawwiif iyyannee Eejansichi immoo gaaffii haara'a itti fakkaatee mirga hin qabdan jechuun galmee cufee,
- Boordiin Eejansichaa immoo ol'iyyannoo ilaalee manneen cinaa qofa waan nuuf murteesseef MM kun murtiiwwan kanneen akka nuuf diigu jechuun gaafataniiru.
- Himatamaan murtiin boordiin kennamu isa dhumaa (final and biniding) akka ta'e lab. Lakk. 110/87 jalatti waan tumameef MM ofitti fuudhee ilaalu hin danda'u jechuun mormii sadarkaa duraa kaaseera.

- **MMSDF**“MM bu’uura aangoo abbaa seerummaa Heera Federaalaa kwt. 79(1) jalatti kennameefiin bu’uura kwt. 37(2) tiin dhimmoota murtii MM tiin murtaayuu danda’an ilaalu ni danda’a.
- Bu’uura MM murtii Eejansiwwan bulchiinsaatiin kennaman ilaaluuf aangoo uumaa MM irraa madde (**inherent power**) waan qabaniif dhimma kana ilaalu ni danda’a” jechuun mormicha kufaa godhee jira.
- **MMOF** murtii kana cimseera.
- **Dh/Ij/MMWF**“Heera federaalaa kwt.37(1) tiin namni kamiiyyuu dhimma murtiidhaan murtaayuu danda’u MM tti ykn qaama aangoo abbaa seerummaa kennameefitti dhiyeeffachuu fi murtii argachuuf mirga ni qaba

- Tumaa Heeraa kana irraa ifaan akka hubatamutti MM dhimma tokko ofitti fuudhee ilaaluuf aangoo kan dhabu aangoo abbaa seerummaa dhimma akkasii ilaalu qaama birootiif seeraan yoo kennamee dha .
- Dhimma kana ilaaluuf aangoon Eejansii himatamaatiif akka kenname lab. 110/87 irraa ni hubatama. Murtiin Kun immoo Kan dhumaati,
- MM keenyas **aangoo seera irraa madde malee isa uumaa (inherent power) waan hin qabneef** murtii qaama kanaan kenname irra deebi'anii ilaaluuf aangoo hin qaban" jechuun murtii diigeera.

Yaada kana irratti waliigaltuu?



Walumaagalatti yoo guduunfamu.

- Manneetiin murtii dhimmoota justiciable matter ta'an irratti qofa Aangoo Abbaa seerummaa qabu.
- Dhimmoota justiciable ta'an hunda irratti immoo aangoo abbaa seerummaa hin qaban.
- Aangoon abbaa seerummaa hundi kan mana murtii miti.
- -----**////**-----



B.Aangoo Manneetii **murtii(jurisdiction of courts)**

Sirna dandeettii MM naannoo kam jiru, sadarkaa kami irra jiruu, fi gosa dhimmaa akkamii ofitti fuudhuun ilaalee murtii dirqisiisaa kennuu akka dandaa'u addaan itti bahuu dha.

❖ **Iddoo saditti qoodama:**

- ✓ **Aangoo Biyyoolessaa**
- ✓ **Aangoo Hundee-dubbii**
- ✓ **Aangoo Bakkaa/Tooraa**

1. Aangoo Biyyoolessaa

- Aangoo MM biyya tokkoo himatamaa ykn qabeenya isaa irratti murtii dirqisiisaa ta'e kennuu danda'uu dha.
- Aangoon biyyoolessaa jiraachuuf himatamaan ykn qabeenyi ykn dhimmichi biyya tokko waliin qunnamtii gahaa qabaachuu qaba.
- Manneetiin murtii biyya keenyaa dhimmoota akkamii irratti aangoo biyyoolessaa qabu ?
- Tumaalee kew.19-30 irraa maaltu hubatama?
- Manneetiin murtii ho qabatamatti haala kamiin ilaalaa jiru?

Dhimma 7ffaa

- Dhimma **Dh/Ij/MMWF** tiin **L.G. 42928 jil-10** ta'erratti dhuma irratti murtii argate dha.
- Korporeeshiniin humna ibsaa Itoophiyaa dhaabbanni Ijaarsaa Diragadoos Kolfee Qaraniyootti karaa osoo hojjachaa jiru qabeenya koroporeeshinichaa ballesee jira jechuun beenyaa akka kaffaluuf MMSDF tti himateera.
- Himatamaan deebii kenneen dhabbanni kun bu'uura seera biyya Giriikiitiin kan hundeeffamee fi teessoon isaas Magaalaa Ateensii dha. Biyya kanatti hin galmoofne
- Kanaaf falmii kana irratti seera kamitu raawwatiinsa akka qabuu fi MM biyya kamiitu aangoo akka qabu ilaalchisee gaaffiiwwan seera idil-addunyaa waan kaasuuf bu'uura Labsii Lakk. 25/88 kwt. 11 (2)(a) tiin manni murtichaa aangoo hin qabu jechuun mormii sadarkaa duraa kaaseera.

- M/murtichaa dhimma kana MMOF malee MMSD aangoo hin qabu jechuun kan murteesse MMOF immoo cimseera.
- Dh/Ij/MMWF immoo himannoon tumaalee seera waliigalteen alaa kan ilaallaatuu dha. Himatamaan miidhaa kan dhaqabsiise hogguu hojii biyya kana keessatti hojjetu dha.
- Himannoonis iddoo miidhaan dhaqabee fi qabeenyi miidhame jirutti MM aangoo qabutti dhiyaateera.SDFHH kwt. 27(1) jalatti kan tumames kanuma.
- Kanaaf MMSDF Labsii lakk. 25/88 kwt. 11(2)(a) iddoo isaa caqasuun galmee cufuun isaa MMOF immoo cimsuun isaa sirrii miti jechuun murteesse jira.

- Dhimmajalqaba MMOF tiin ilaalamee dha. Himattuun himanna dhiyeessiteen himatamaan qarshii liqeeffate keessaa gahee isaa akka naaf kaffalu jechuun himate. Himattuu fi himatamaan **lammii Giriiki, achuma jiraatanis; waliigalteen falmiif bu’uura ta’es achumatti godhame.** Himatamaan M/Murtichaa aangoo biyyoolessaaa hin qabu jechuun mormeera.
- **MMO** aangoo biyyoolessaa hin qabu jechuun murteesseera.
- **M/M/W/F** “Waliigalteen Giriikiti godhame, isaanis achuma. Dhimmichi biyyattii **waliin walqunnamtiin qabu hin jiru**; kanaaf M/M keenya aangoo biyyoleessaa hin qaban, osoo qabaatanii bu’uura lab 25/88 kwt. 11(2)(a) tiin aangoo M/M/O/F ture; SDFHHL 20 tiinis kanaan alaa miti” jedheera.

Dhimma 6 ffaa

- Manni murtii ol aanaa federaalaa falmii aangoo biyyoolessaan wal qabatee ka'e irratti Dhaabbiileen kunniin kan Itoophiyaa miti,biyya keessatti hojii hojjechuu hin ibsamne,qabeenya biyyattii keessaa qabu hin jedhamne jechuudhaan aangoo biyyoolessaa akka hin qabne murteesseera.
- Manni murtii waliigalaa garuu himatamaan **biyyattii keessatti dhaabbatee fi galmaa'e** ta'uu caqasee Manni murtii ol aanaa aangoo akka qabu murteesseera.
- Murtiilee kana irraa maaltu hubatama



➤ **walumaagala manneetiin murtii keenya qabatamatti**

- ✓ Qajeeltoowwan waliigalaa;
- ✓ Seerota biyya alaatii fi
- ✓ Murtiiwwan biyyoota ambaa bu'uureffachuun aangoo kana gonfachaa akka jiran "judicial practice" isaanii ni agarsiisa.

➤ **Bu'uura kanaan MM keenya kan bu'uureffatan:**

- 1.Lammummaa fi iddoo jireenya himatamaa-Himatamaan lammii yookaan jiraataa itoophiyaa yoo ta'e manneetiin murtii oromiyaa aangoo biyyoolessaa qabu.
- 2.Iddoo gochi falmiif bu'uura ta'e itti raawwate(waliigalte ykn waliigalteen ala)- Gochi himannaaf ka'umsa ta'e itoophiyaa keessatti kan raawwatame yoo ta'e yookaan hidhata gahaa ta'e yoo qabaate.
- 3.Hayyama himatamaa – Himatamaan dhimmi isaa mana murtii itoophiyaatiin akka ilaalamu ifaan yoo irratti waliigale yookaan yoo hin mormiin. Objection Can be waived.
- 4.Qabeenyi falmiif sababa ta'e biyya kana keessatti kan argamu yoo ta'e.

-----///-----

2. Aangoo Hundee-Dubbii (HD)Material

➤ **Aangoon HD:**

- ✓ dandeetti MM gosa dhimmaa falmii tokkoo ilaaluuf qabu ilaallata.
- ✓ Dandeetii bu'uura godhachuun MM biyya kanaa sadarkaa sadi qaban; M/M/A ykn MMSD ,ol'aanaa fi M/M/W ti.

Aangoon HD bu'uura adda addaa irratti hundeeffama:

A.Dhimmoota Federaalaa fi Naannolee,

B.Gosoota dhimmaa adda ta'an:

beenyyaa

C.Shallaggii maallaqaa

A.Dhimmoota Federaalaa Fi Naannoolee (Qoodinsa Aangoo)

- 1.Bu'uura qodinsa kanaa maali?
- 2.Aangooleen haala kamiin qoodaman ?
- 3.Dhimmoota federaalaa jedhaman irratti M/M Naannoolee aangoo akkamii akkamii qabu?

1.Bu'uura qoodinsaa

Qoodamiinsa Aangoo Mootummaa

- ❖ Sirna Qoodaminsa aangoo manneetii murtii Naannoo fi Federaalaa biyya keenyaa hubachuudhaaf duraan dursa sirna qoodaminsa aangoo mootummaa waliin ilaaluun barbaachisaa dha

Akka heera mootummaa keewwata 50(8) tti maddi aangoo Mootummaa Federaalaa fi Naannoo Heerichuma mataa isaa ti.

Kew.50(8)-Federal and State powers are defined by this Constitution.

Akkaataa kanaan qoodamiinsa aangoo godhames

- Aangoon mootummaa federaalaa guutummaa guututti tarreeffamee jira (kwt.51 &55);
- Kan hafe naannoleef kan dhiifamee dha (HMFDR kwt.52(1)) All powers not given expressly to the Federal Government alone, or concurrently to the Federal Government and the States are reserved to the States.
- Aangoon waliiniin qabanis ibsameera.

Akkaataa Qoodamiinsa Aangoo Kan Irraa wanti Hubatamu:

- Mootummaan Federaalaa aangoon ifatti yoo kennameef malee Dalga dagaleen (by way of implication or tacitly) aangoo hin argatu. Kanaaf Mootummaan naannoos ta'e federaalaa **aangoo qabaachuu addaan baafachuuf Heeraan ala iddoo biraa ilaaluun** barbaachisaa miti.
- Dhimmoonni ifaan aangoo mootummaa federaalaa jalatti akka hammataman hin ibsamiin fi akka aangoo waliiniitti hin ibsaman battalumatti (automatically) aangoo mootummaalee naannoo jalatti kufu.

Qoodaminsa Aangoo mana murtii

- ❖ Heerri mootummaa manneetii murtii federaalaa fi naannoo wal cinaatti (parallel) hundeesseera. Caaseffama manneetii murtii wal cinaatti hojjetan “dual court sruicture” hundeesseera jechuu dha. Dhimmootas kan federaalaa fi naannoolee (Federal matter, state matter) jechuun kaa’eera.
- ❖ HMFDRi kwt. 80(1)fi (2) jalatti MMF fi Naannoolee **dhimma isaanii irratti** aangoo A/seerummaa isa ol’aanaa akka qaban tumameera.
- ❖ Ta’us murtiin mana murtii kam iyyuu dogoggora seeraa bu’uuraa yoo qabaate Dhaddacha ijibbaataa Federaalaatiin irra deebi’amee ilaalama.

Gaaffii marii

- Dhimmoota naannoo (purely regional nature) irratti iyyannoodhaan ilaaluun (cassation over cassation) yaadrimee sirna caaseffama federaalaa waliin akkamitti ilaalama?
- Heerri mootummaa Dhimmoota federaalaa Fi naannoolee jedhee caqasus dhimmoota Manneetii Murtii Federaalaa fi Naannoolee tarreessee adda hin baasne.
- Labsii lakk. 25/88 Caaseffamaa fi aangoo Manneetiin murtii federaalaa tarreesseera.
- ❖ Ta'us Labsicha akka madda Qoodinsa Aangoo Mannetii murtii federaalaa fi naannootti fudhatamuu qaba moo miti? Kan jedhu irratti falmiin kallattii lamaan dhiyaata.

Yaadni 1 ffaa: akka madda qoodinsa aangoootti fudhachuu qabna.

- HMFDRi kwt. 78(2) jalatti Manni maree bakka bu'oota ummataa MMSD fi MMOF barbaachisaa ta'ee yoo argame naannoleetti gurmeessuu akka danda'u tumameera.
- MM gurmeessuun aangoo isaaniis murteessuu waan dabalatuuf manni maree bakka bu'oota uummataa ifatti aangoon kennamuufii baatus dhimmoota Federalaa fi Naannoo addaan baasee seeraan tumuu akka danda'u ni agarsiisa(tacitly).
- Kanaaf Manni maree bakka bu'oota uummataa aangoo qabuun labsii aangoo manneetiin murtii federaalaa tarreessuun kaa'eera waan ta'eef aangoo adda baasuuf labsicha ilaaluun fala dha jedhu.

yaada 2ffaa- labsichi akka madda qoodinsa aangoo manneetii murtiitti fudhatamuu hin qabu.

- Aangoon federaalaa fi naannoo Heeraan murtaa'a malee seera Bakka bu'ootni uummataa baaseen ta'uu hin qabu. MMBBU Labsii akkanaa baasuun aangoo qooduufis hin danda'u.
- HMFDRi kwt. 78(2) jalatti aangoon mana maree bakka bu'oota ummataa MMSDF fi MMOF guutummaa biyyatti hundeesuu dha. Bu'uura kanaan gaafa hundeesuu immoo aangoo isaanii olii fi gadii (vertically) murteessuu ni danda'a malee Aangoo abbaa seerummaa dalgaan (horizontally) MM federaalaa fi Naannoolee jidduu jiru murteessuuf yookaan qooduuf aangoo hin qabu;

➤ Kana murteessuun **hojii heera**
mootummaati malee seera
tarreeffamaatii miti;

➤ Dhimmi tokko kan federaalaa ykn Naannoo ta'uu ilaalchisee ka'u furmaata kan argachuu qabu Heera mootummaa ilaaluun malee labsii L. 25/88 qofa ilaaluunii miti.

➤ **Kanaafuu Qajeeltoon Qoodamiinsa aangoo qaamolee mootummaa kwt 55 waliin ilaalamuu qaba.**

➤ Yaada isa kamtu sirrii dha jettu ? **(M-F18)**

➤ Hubannoon jiru maal fakkaata?



Dhimmaa 10ffaa (F.24)

- **Dh/Ij/MMWF, L.G. 36460**, ta'erratti “.....falmitoonni jiraattota Naannolee adda addaa fi biyya Ambaas akka ta'an bitaa fi mirgaan hin haalamne. **Labsiin lakk. 25/88 MM federaalaa hundeessuu qofarratti kan daangeffamee miti. Seera bu'uuraa aangoo MM federaalaa fi MM Naannoolee jidduutti qooduu akka ta'e ni hubatama.....**” jechuun murtii isaa keessatti caqaseera.

Dhimma 9ffaa(F.24)

- **Dh/Ij/MMWF, 52041** ta'erratti murtii isaa keessatti.
- **Labsiin lakk. 25/88 aangoo MM federaalaa hogguu tarreessu adda dureedhaan caaseffama mootummaa federaalaa fi qajeeltoo qoodinsa aangoo mootumma sirna federaalaa bu'uureffachuun akka ta'e ni hubatama jedheera.-----Bu'uura labsii lakk. 25/88 kwt. 5(6) fi 5(9) tiin falmiin qaamni mootummaa federaalaatti galmaa'ee fi waliigaltee inshuraansii kan ilaallatu waan ta'eef jalqabumaa dhimma federaalaati. Jedheera.**

Dhimma 14ffaa

- **Dh/Ij/MMWF, L.G. 36460**, ta'erratti
 - “.....falmitoonni jiraattota Naannolee adda addaa fi biyya ambaas akka ta'an bitaa fi mirgaan hin haalamne.
 - **Labsiin lakk. 25/88 MM federalaa hundeessuu qofarratti kan daangeffamee miti. Seera bu'uuraa aangoo MM federaalaa fi MM naannoolee jidduutti qoodu akka ta'e ni hubtama.**
 - Labsicha kwt. 5(2) jalatti falmii HH jiraattoota Nannoolee adda addaa jidduutti gaggeeffamu ilaaluuf aangoo kan qabu MM federala akka ta'an ifaan taa'ee jira.
 - Qabeenyi hin sochoone Naannoo tokko keessatti waan argamuuf bu'uura SDFHH kwt. 25 tiin ykn waliigaltichi Naannoo sana keessatti waan godhameef MM naannoo **aangoo uumaa** isaan kan gonfachiisuu miti. Garuu bakka bu'ummaan ilaaluuf aangoo ni qaban.....”jedheera.

Dhimma 12ffaa (F.25)

- Dhimma M/M/W/F ol'iyyannoon ilaaleedha. (L.G.16472) Obbo Taklee Dureessaa konkolaatoon dhaabbata reedis konistiraakshin jedhamu konkolaataa isaanitti waan bu'ee faaydaan ala godheef beenyaan akka kafalamuuf M/M/O/Go/Wallagga bahatti himatanii dhaabbanni Inshuraansii Itoophiyaa jiddu akka lixuuf gaafataniiru.
- Bu'uura kanaan dhaabbatichi falmiitti makamee deebii keessatti mormii kaaseen himataa fi himatamaan naannoo adda addaa waan jiraataniif dhimmichi kan federaalaa waan ta'eef M/M/O kun aangoo hin qabu jedheera
- M/M/O fi M/M/W/O mormiicha kufaa godhaniiru.

- Bitaa fi mirgi jiraattota naannoo adda addaa fi **hirmattonni falmichaa bu'uura seera federaalaatiin kan hundeeffaman waan ta'aniif dhimmichi kan federaalaati.**
- Heera FDRI kwt. 80(4) jalatti M/M/O naannoo dhimmoota federaalaa aangoo M/M/S/D/F ilaaluuf aangoo ni qaba.
- Aangoon **bakka bu'ummaa** kunis kan madde labsii lakk.25/88 irraa osoo hin ta'in heera irraati. Kanaaf M/M/O/Go/w/bahaa aangoo ni qaba" jedhuun murteesseera.

Gaaffiilee Marii

- 1. Murtiiwwan kennaman irratti yaada akkamii qabdu?**
- 2. Yaadni dhimma 9ffaa akkamitti ilaaltu?**
- 3. Qoodinsa aangoo Mootummaa kew.55 hordofuun yoo ilaalle salphaadhumatti hojiitti hiikuu dandeenyaa ?Falli biraa ho?**



2. Bu'uura labsichaan Qoodinsa Aangoo

Art.3. Principle (25/88)

Federal Courts shall have jurisdiction over:

- 1) cases arising under the Constitution, Federal Laws and International Treaties;
- 2) parties specified in Federal Laws;
- 3) places specified in the Constitution or in Federal Laws.

Bu'uura labsichaan dhimmootaa kan federaalaa kan godhu.

- a) Madda Sababa Himannoo (Source of cause of action)--- seera muummee mirgaa fi dirqama ibsu.
- b) Eenyummaa Falmitootaa
- c) Iddoo Sababni himannoo itti Raawwatame

a) Madda seeraa Sababa Himannoo, manneetiin murtii federaalaa dhimmoota

- i. Heera FDRI;
- ii. Seerota Federaalaa;
- iii. Waliigalteewwan Idil-addunyaa jalatti hammataman irratti aangoo qabu.

Gaaffilee marii

➤ Dhimmoonni kunniin ifaan Heericha keessa taa'uu baatan illee , hafuura heerichaatiin dhimmoota federaalaati jechuun ni danda'amaa?

(dhimma 9 ffaa)

➤ Dhimmi kallattiin heera mootummaa irraa maddu jiraa?



❖ Seerota Federaalaa

❖ Dhimmoota seerota federaalaa jalatti ka'an "arising under" kan jedhaman kan akkamiiti?

- Mirgootni gaafataman seerota Federaalaa hiikuudhaan kan bu'uureffate yoo ta'e.
- Himatamaan seera federaalaa bu'uureffachuun ittisa dhiyeessuun qofti dhimmicha kan federaalaa hin godhu.

Haata'u malee labsicha irratti keewwatoota 3 fi 5 gidduu garaagarummaan jira.

- ✓ kwt. 3 jalatti akka qajeeltootti aangoon waliinii MMF tumameera.
 - Kwt 3(1) seera federaalaa hundumaa hammata.
- ✓ Kwt.5 jalatti immoo aangoon dhimma hariiroo hawaasaa MM kanneenii tarreeffameera.
 - Kwt.5 jalatti seerota muraasatu caqafame: Seera Lamummaa; Seera Daldalaa keessaa(negotiable instruments & insurance), intellectual property, and habeas corpus qofatu aangoo manneetii murtii federaalaa jedhamee ifatti lakkaa'ame.
- ✓ Kanaaf kwt. 3(1) fi 5 jidduu garaagarummaatu mul'ata.

❖ **MARII**

➤ **Dhimmoonni seerota federaalaa kwt.5 jalatti hin caqafamiin jalatti ka'an dhimmoota manneen murtii federaalaa qofa (exclusive) moo kan manneen murtii naannoolees aangoo irratti qabu?**

- Qabatamatti manneetiin murtii naannoolee dhimmoota HH seera federaalaa bu'uureffatan kanneen labsicha keewwata 5 jalatti hin tarreeffamiin naannoo isaanii keessatti ka'an irratti akkuma dhimmoota seerota naannoolee bu'uureffatanii (original jurisdiction) hojjechaa jiru. Fkn Dhimma, Hojjetaa fi hojjechiisaa, Dhaalaa , waliigaltee...etc.
- Labsichis keewwata 3(1) jalatti dhimmootni seerota federaalaa bu'uureffatan Dhimma federaalaa ti jedhu illee deebisee voo tarreessu muraasa

b) Eenyummaa Falmitootaa kew.3(2) fi kew.5

Art.5 Civil Jurisdiction

Federal Courts shall have jurisdiction over the following civil cases:

- 1) Cases to which a Federal Government organ is a party;
- 2) suits between persons permanently residing in different Regions;
- 3) Cases regarding the liability of officials or employees of the Federal Government in connection with their official responsibilities or duties;
- 4) cases to which a foreign national is a party;
- 6) suits relating to business organizations registered or formed under the jurisdiction of Federal Government organs

Dhimmoota gareewwan tarreeffaman kun irratti hirmaatan irratti aangoo hundee kan qabu manneetii murtii federaalaa ti jechuu dha.

Dhimmoota 12 fi 14 waliin ilaalaa.

Gaaffii marii

Gareewwan falmitootaa kanneen labsicha keessatti tarreeffaman dhimma duraan falmii irra jiru gidduu seenuun yoo falman dhimmichi kan federaalaa ta'a jettuu?

Dhimma 13ffaa

- **Dh/lj/m/m/w/f** lakk.G.20465 ta'erratti *qaamni sadaffaan himatamummaan falmitti makame dhaabbata mootummaa federaalatti galmaa'e ta'us mirgaa fi dirqama ofii isaa ilaalchisee himannoo dhiyeefate waan hin jirreef dhimmicha kan federaalaa hin godhu"* jedheera.

C) Iddoo Sababni Himannoo Itti Raawwatame, Kwt.3(3) , 11 fi 14

Bu'uura labsichaatiin Dhimmoota HH magaalaa D/Dhawaa fi Finfinnee keessatti ka'an irratti aangoon kan manneetii murtii federaalaa ta'a jechuu dha.

D)Dhimmoota addatti kan federaalaa jedhaman kew 5

- 5) suits involving matters of nationality;
- 7) suits regarding negotiable instruments;
- 8) suits relating to patent, literary and artistic-ownership rights;
- 9) suits regarding insurance policy;
- 10) application for Habeas Corpus.

3.Dhimmoota Federaalaa jedhaman irratti Manneen murtii naannoolee aangoo akkamii qabu?

- ❑ Heerri mootummaa dhimmoota aangoo Manneetiin murtii Federaalaa fi Naannoolee ta'an adda baasee kaa'uu dhabuu irra iyyuu dhimmoota Federaalaa (Federal subject matter) irratti aangoo akkamii akka qaban irratti karaa lamaan kaa'eera.
- ❑ Keewwata 78 jalatti M/Murtii naannoolee dhimmoota aangoo M/M/F irratti aangoo **bakka bu'inaan (delegation)** kan qaban ta'uu yoo ibsu keewwata 79 fi 80 jalatti immoo **aangoo waliinii (concurrent)** akka qabanitti waan kaa'uuf hiikkoof kan saaxilame dha.

Art. 78: Independence of the Judiciary

2. ..Unless decided in this manner, the jurisdictions of the FHC and of the FFIC are hereby **delegated to the State courts.**

Art. 79: Judicial Powers

7. Budgets of state courts shall be determined by the respective state council. The HPR shall allocate compensatory budgets for States whose Supreme and High courts **concurrently** exercise the jurisdictions of the FHC and FFIC .

Art. 80: Concurrent Jurisdiction of Courts

2. State Supreme Courts shall have the highest and final judicial power over State matters. **They shall also exercise the jurisdiction of the Federal High Court.**

➤4. State High Courts shall, in addition to State jurisdiction, exercise the jurisdiction of the Federal First-Instance Court.

❖ Kana irraa kan ka'e yaada garaagaraa lamatu jira.

Yaadni 1 ffaa Biyya keenyatti aangoon Abbaa seerummaa Manneen murtii Federaalaa fi Naannoo(concurrent jurisdiction) hin jiru. Labsii lakkoofsa 25/96 irrattis hin kaa'amne.

Dhimmootni Aangoo manneetiin murtii Federaalaa yookaan naannoo jalatti kufu malee aangoon waliinii hin jiru.

yaadni 2 ffaa aangoo waliinii (concurrent) qabu.

➤ Labsii lakkoofsi 25/88 ifatti kaa'uudhaa baatus aangoon waliinii ni jira.

➤ 78.ለክልል ፍርድ ቤቶች ተሠጥቷል” doesn't indicate delegation.

- *Waraabbiin Afaan Amaariffaa* “....ደርብዉ ለምሥሩት” jedhu waa’ee bakka bu’insaa jechaa jira miti.
- Bu’uura heera mootummaa keewwata 106 tiin immoo waraabbiin Afaan amaariffaa raawwatiinsa qaba.
- Kanaaf Aangoo waliinii qabu jechuu dhaa? Bakka manneetiin murtii Federaalaa jiranitti manneetiin murtii naannooleetis aangoo qabu jechuu dha ?
- Hubannoon jiru hoo?



1. Mana murtii

Dhimma 12ffaa

- Dhimma M/M/W/F ol'iyyannoon ilaaleedha. (L.G.16472) Obbo Taklee Dureessaa konkolaatoon dhaabbata reedis konistiraakshin jedhamu konkolaataa isaanitti waan bu'ee faaydaan ala godheef beenyaan akka kafalamuuf M/M/O/Go/Wallagga bahatti himatanii dhaabbanni Inshuraansii Itoophiyaa jiddu akka lixuuf gaafataniiru.
- Bu'uura kanaan dhaabbatichi falmiitti makamee deebii keessatti mormii kaaseen himataa fi himatamaan naannoo adda addaa waan jiraataniif dhimmichi kan federaalaa waan ta'eef M/M/O kun aangoo hin qabu jedheera
- M/M/O fi M/M/W/O mormiicha kufaa godhaniiru.

- **M/M/W/F** “Mormiin kun M/M/O tti ka’uu baatus M/M/W/O kaasuu ni danda’a.
- Bitaa fi mirgi jiraattota naannoo adda addaa fi hirmattonni falmichaa bu’uura seera federaalaatiin kan hundeeffaman waan ta’aniif dhimmichi kan federaalaati.
- Heera FDRI kwt. 80(4) jalatti M/M/O naannoo dhimmoota federaalaa aangoo M/M/S/D/F ilaaluuf aangoo ni qaba.
- **Aangoon bakka bu’ummaa kunis kan madde labsii lakk.25/88 irraa osoo hin ta’in heera irraati.** Kanaaf M/M/O/Go/w/bahaa aangoo ni qaba” jedhuun murteesseera.

Dhimma 14ffaa

- **Dh/Ij/MMWF, L.G. 36460**, ta'erratti
 - “.....falmitoonni jiraattota Naannolee adda addaa fi biyya ambaas akka ta'an bitaa fi mirgaan hin haalamne.
 - Labsiin lakk. 25/88 MM federalaa hundeessuu qofarratti kan daangeffamee miti. Seera bu'uuraa aangoo MM federaalaa fi MM naannoolee jidduutti qoodu akka ta'e ni hubtama.
 - Labsicha kwt. 5(2) jalatti falmii HH jiraattoota Nannoolee adda addaa jidduutti gaggeeffamu ilaaluuf aangoo kan qabu MM federala akka ta'an ifaan taa'ee jira.
 - Qabeenyi hin sochoone Naannoo tokko keessatti waan argamuuf bu'ura SDFHH kwt. 25 tiin ykn waliigaltichi Naannoo sana keessatti waan godhameef **MM naannoo aangoo uumaa isaan kan gonfachiisuu miti. Garuu bakka bu'ummaan ilaaluuf aangoo ni qabu.....**”jedheera.

Dhimma 11 ffaa Falmii waliigaltee

Inshuraansii

- Dhimma M/M/W/F tiin ilaallamee lakk.G. 6336/93 ta'e irratti murtii argate dha. Himataan dhaabbanni Inshuraansii Itoophiyaa beenya qar. 30,585.78 akka kaffaluuf M/M/O/Go/Baaletti himateera.
- M/M/O himata kufaa goonaan himataan M/M/W/O tti ol'iyyattee M/M/W/O murticha diigeera.
- Dhaabbanni Inshuraansichaa immoo M/M/W/F tti ol'iyyannoo dhiyeeffate.
- Himataan (d/kennaan) deebii komii ol'iyyannoo irratti kenneen dhimmichi Dh/Ij/M/M/W/O tiin osoo hin ilaallamiin M/M/W/F dhimmicha fuudhee ilaaluuf aangoo hin qabu jechuun falmeera.

- **M/M/W/F** “Falmichi waliigaltee inshuraansii waan bu’uureffateef bu’uura labsii lakk. 25/88 kwt.5(9) tiin aangoo waliinii MMF jalatti kan kufu dha.
- Dhimmi falmichaaf bu’uura ta’e qr. 500,000.00 gadi waan ta’eef aangoo MMSDF ti.
- Kana immoo **bakka bu’ummaan ilaaluuf aangoo kan qabu M/M/O naannooti.**
- Murtiin MMO MMWO tiin waan diiggameef ol’iyyannoon MMWF tiif dhiyaachuun isaa sirna seeraa kan eeggatee dha jechuun mormiin d/kennaa kufaa taasisuun” murteesseera.
- **Dhimma 9 ffaa(dh.iji)** irrattis haaluma wal fakkaatuun dhimmoota federaalaa jedhaman irratti manneetiin murtii naannoolee bakka


- Walumaa galatti ejjennoon dhaddacha ijibbaataa MM federaalaa Manneetiin murtii naannoolee dhimma federaalaa irratti aangoo **bakka bu'insaa qofa** akka qabanitti fudhateera.
- Yaada kana irratti waliigaltuu?
- 2. **(M-F23)**.

3.ffa Heera mootummaa oromiyaa

kew.68 (4)- Manneen Murtii Waliigalaafi Ol'aanaa Naannichaa, hojii Abbaa Seerummaa **bakka bu'iinsaan** hojjataniif Mootummaa Federaalaarraa deeggarsi baajataa ni kennamaaf" jedha.

4. ffaa-Labsii lakk.141/2001

- Kew.26(1)(B) Aangoo mana murtii waliigala oromiyaa
- Dhimmoota federaalaa ilaalchisee aangoo mana murtii ol aanaa Federaalaa **bakka bu'uudhaan** sadarkaa jalqabaataan ilaalee murtii kenna.
- Kanaaf haala kamiin ilaalamuu qaba?



Aangoo HD: Hanga Maallaqaa ykn Tilmaama Qabeenya

- Aangoo HD hanga maallaqaa dhimmichi qabate ykn shallaggii qabeenya falmiif bu'uura ta'eenis ni murtaa'a.
- Dandeettii manneetii murtii dhimma tokko ilaaluuti.sadarkaa naannoottis ta'e federaalaatti sadarkaa sadiitti qoodeera.
- Kan manneetii murtii Federaalaa lab.lakk. 25/88 kwt.11 fi 14 jalatti tumameera.Himanna tilmaama.
 - ✓ **M/M/S/Duraa qr. 500,000.00 kan hin caalle**
 - ✓ **M/m/O/F qr. 500,000.00 ol.**
- kan manneetii murtii oromiyaa Labsii lakk. 141/2000 jalattis tumameera.kew.26-28.
 - ✓ M/M/A Tilmaama qabeenya hin sochoone qr. 50,000.00 fi kan socho'u hanga qr. 30,000.00;
 - ✓ M/M/O Tilmaama qabeenya hin sochoone qr. 50,000.00 ol; kan socho'u qr. 30,000.00 ol ta'e

Hanga Maallaqaa Falmiif Bu'uura Ta'e Addaan Baasuu

- Bu'uura SDFHH kwt. 222 tiin hanga maallaqaa ykn tilmaama qabeenya falmiif bu'uura ta'ee himata irratti ibsamuu qaba.
- Manni murtii aangoo tooraa qabaachuu immoo akka SDFHH 231 tiin kan sakatta'uu qabu gaafa himanni dhiyaateefii dha. Manni murtii aangoo akka hin qabne yoo hubate bu'uura SDFHH kew.9 tiin murteessuu qaba.
- SDFHHL**16(2)**jalatti hangi maallaqaa himannoo irratti caqasame bu'uura SDFHHL 226-228 tiin qoratamee bu'uura sanaan aangoon HD murtaa'uu akka qabu tumameera.
- Hanga himanni itti dhiyaate keessaa osoo ragaan hin dhaga'amiin hangi tokko yoo amaname manni murtii dhimmicha gara mana murtii aangoo maallaqaa sani qabu (gad aanutti) dabarsuu ykn ofumaa itti fufee ilaalu danda'a.16(3)

- ✓ SDFHHL 17(1), Himanna waliin dhiyaate (several claims united) ida'ama(**aggregate**) isaa tu ilaalama.exception consolidation.
- ✓ Kwt. 17 (2), principal and accessory claims, and alternative claims, **higher value.**
- ✓ Kwt. 17(3) – Dhimma himanna qaxxaamuraa qabate irratti himanna isa ol aanaa (**higher claim.**) ilaalama.

Gaaffii marii

1.Himmatootni garaagaraa akka SDFHH kew.35 waliin ta'uun galmee tokko irratti himanna yoo dhiyeessan Ga'ee tokkoo tokkoo moo kan namoota dhuunfaa ga'utu ilaalamuu qaba moo akka waliigalaatti maallaqni isaan gaafatan walitti ida'amee ti?



Xiinxala dhimmaa

- Dhimmi kun M/M/W/F tiin lakk. G. 19310 ta'erratti ilaallamee kan murtii argatee dha. Himattoonni himatamtuun qabeenya dhaalaa abbaa isaanii qr.606,000:00 shallagamu akka deebiftuuf M/M/O tti himataniiru.
- **M/M/O/F** “Maallaqni dhiyaate himattootaaf hogguu qoodamu qr. 500,000.00 gadi waan ta'eef bu'uura lab. 25/88 kew. 11(1) tiin manni murtii kun aangoo hin qabu jechuun qalmaa cufeera



M/M/W/F

- ✓ SDFHH keessatti makamiinsi falmitootaa kwt. 35, 36, fi 38 jalatti tumameera.
- ✓ Himattoonni ammaa himata kan dhiyeefatan bu'uura kwt. 35 tiini.
- ✓ Bu'uura seera kanaatiin makamuuf himatni sababa tokko ykn sababoota heddu kan bu'uurefate yoo ta'e,
- ✓ Sabani/nni himatichaa himattoota hundaa kan ilaallatu yoo ta'e,
- ✓ qophaa qophaatti maqaa isaaniitiin yoo himatan qabeenya ykn mirgi himannoof bu'uura ta'e kan waliinii ykn kan tokko tokkoo isaanii ta'us, ijoon dubbii seeraa ykn firii dubbii murtiin irratti kennamuu qabu tokko

- Himattoonni ammaa qabeenya dhaalaa waliiniiti, qabeenyi kun kan hin qoodaminii dha.
 - ✓ waan ta'eef himannoof bu'uura kan ta'e qabeenya waliinii isaaniiti jechuu dha. Same transaction.....
 - ✓ Ijoon dubbii seeraa ykn firii dubbii gosa tokko akka ta'u ifaa dha.
 - ✓ Kanaaf himattoonni ulaagaa kew. 35 ni guutu.
- SDFHH keessatti tumalee jiran irraa akka hubatamutti Kaayyoo SDFHH galmaan ni ga'a jedhee yoo itti amane M/M ,falmitoonni gaaffii osoo hin dhiveessin. mataa ofiitiin falmitoota

✓ Aangoo HD murteessuuf M/M hanga himattoonni fuuldura argachuu danda'an dursee tilmaamuun osoo hin ta'in hanga maallaqaa ykn gosa dhimmaa himatarratti caqasame qofa ilaaluun ta'a.

✓ kanaaf sababoota armaan oliitiin murtiin M/M jalaa sirrii miti" jechuun diigeera.

➤ **Murtii M/M isa kamiitu dhama qabeessa?**

➤ **kwt,17[1] waliin akkamitti ilaaltu?**

Akkuma armaan olitti ibsame aangoo hundee adda baasuuf tilmaama wanta himanni irratti dhiyaatee bu'uura SDFHH kew.16,17 fi 226-228 tiin ilaalamuu qaba.

226-228 Hanga maallaqaa himanni itti dhiyaatu itti caqafamu

226(1)-claim for money-Hangi isaa caqafamuu qaba

226(2)-claim for unsettled account-approximate amount

226(3)-claim for specific thing-Gatii qabeenyichaa

226(7)-claim for generic thing- gatii yeroo sanii

227(1)-claim for periodic due payable for specific period-hanga isaa

227(2)-periodic due payable for unspecified period of time-annual due x20

Haala raawwii 226 fi 227 tiif Dhimmoota 16-22


Qabxiilee Marii

1. Aangoo HD tiif hanga maallaqaa
himannoo keessatti caqasamu
(keessattuu tilmaama qabeenya)
akkuma jirutti fudhachuu qabnaa? Moo
sirrummaa isaa mirkaneeffachuu qabna?
(GM1-37)-G2



Dhimmaa 15ffaa

- Dhimma M/M/W/F tiin ilaallamee murtii argatee dha. M/M/O/F tti himataan mana kiyya seeraan ala qabate gadi naaf haa lakkisu jechuun himatee himatamaan mannichi ogeessaan naaf haa shallagamu jechuun mormeera. **M/M/O** mormicha kufaa taasiseera.
- **M/M/W/F “Tilmaama qabeenya himannoof bu’uura ta’erratti mormiin yoo ka’e M/M/ ijoo dubbii osoo hin baasin dura furmaata kennuu akka qabu SDFHHL 250 jalatti tumameera. Kanaaf kaffaltii seerummaa fi aangoo m/murtiitiif mannichi ogeessaan shallagamuu qaba”** jechuun murtii m/m jalaa diigeera.
- Yaada murticha irratti qabdan maali?



Dhimmoota maallaqatti tilmaamamuu hin dandeenye

- Akka SDFHH kew.18 tti mana murtii aanaa ti. (Awradja)
- Ta'us bu'uura Labsii lakk.25/88 tiin dhimmoota federaalaa ta'an irratti garuu kan mana murtii sadarkaa duraa federaalaa (mana murtii ol aanaa naannoo) ti.

Art.14 Civil Jurisdiction of the Federal First Instance Court

The Federal First Instance Court shall have jurisdiction over the following civil cases involving an amount not in excess of Birr five hundred thousand (500,000) or over civil cases the value of which cannot be expressed in money.

❖SDFHHL 228 Vs 18

Dhimmoota akkasii adda baasuu irratti hanqinni jira.

- **Kwt. 228 hangi faaydaa qabatamaa (actual value)** mirga hundeeffamuu, kabachifamuu ykn hafa ta'uu ibsuun kan hin danda'amne ta'us faaydaan achi irraa maddu ni jira.
- Dhimma gonkumaa maallaqaan hin shallagamnee miti.
- “Dhimmoota shallagamuu hin dandeenye” immoo:-
 - ✓ Faaydaan maallaqatti shallagamuu fi battalumatti argamu hin jiru;
 - ✓ Kaayyoon guddaan himannichaa mirgi qofti akka labsamuuf ykn faallaa isaati.
 - ✓ it may be a step to be taken towards a benefit to result from still another action.

Gaaffii marii

- Himanni jeequmsi na irraa haa dhaabbatu jedhu bu'uura keewwata 18 'n dhiyaachuu qaba moo qabeenyichi tilmaamamee gatii isaatiin dhiyaachuu qaba?



Dhimma 20ffaa: Himannoo Abbaa qabivvummaa

- Dhimmi kun MMW duraaniitiin ilaallamee lakk.G.1381/85 ta'erratti dhimma murtii argatedha.
- Himataan himatamaan konkolaataa maqaa ofiitiin biyya alaatii naaf galchee erga harkaan gahadheen booda humnaan narraa fudhateera jechuun **jeequmsi akka irraa dhaabbatu** bu'uura SHHL 1149 fi SDFHHL 18 tiin himannoo dhiyeefateera
- Himatamaan himataan himannoo bu'uura SDFHHL 18 tiin kaffaltii seerummaa qr.25 kaffaluun dhiyeefateera.

- Konkolaataan qabeenya maallaqaan shallagamuu dandaa'u waan ta'eef bu'uura SDFHH kwt. 226(3)tiin shallagamee bu'uura kwt. 215(1) fi 230 tiin kaffaltiin seerummaa itti kaffalamu malee galmeen banamuu hin qabu jechuun falmeera.
- M/M/Awuraajjaa fi MMO mormii kana kufaa gochuun ijoo dubbii irratti murtii adda addaa kennaniiru.
- **M/M/W** “Himannoo dhiyaate irraa akka hubatamutti gaaffiin himataa jeequmsi narraa dhaabbatee konkolaataan naaf haa deebi’u kan jedhuu dha

- Kana jechuun immoo konkolaataan yoo deebi'e himataan faaydaa maallaqaan shallagamuu danda'u ni argata, yoo deebi'uu baate immoo miidhaan himataa irra ga'uu fi shallagamuu danda'u ni jira.
- Gaaffiin himataa mirga mirkaneefachuu (declaratory judgt) qofa osoo hin ta'in konkolaatichi deebi'ee qabiyyee isa jala akka galuufii dha.
- Gaaffiin abbaa qabiyyummaa yeroo baay'ee mirga qabeenyaa ykn mirga fayyadama qabeenyaa waliin kan walqabatuu waan ta'eef mirgichi faaydaa diinagdee (economic interest) kan qabuu dha.

- Mirga diinagdee immoo mirga maallaqaan Shallagamuu danda'uu waan ta'eef SDFHH kwt. 18 jalatti kan kufuu miti.
- **Gaaffiin (relief) himataa jeequmsi dhaabbatee konkolaataan qabiyyee isaa jalatti akka deebituu fi faaydaa irraa argachuu danda'u (enjoyment) akka argatuuf kan dhiyaatu waan ta'eef sababni hin shallagamneef hin jiru .**
- kanaaf m/m jalaa bu'uura kanaa himataa kaffaltii seerummaa otoo hin kaffalchiisin bu'uura sdfhh kwt. 18 tiin keessumeessuun seera qabees  waan

Gaaffii marii

Himanni waliigalteen naaf haa
raawwatamu jedhu hoo bu'uura
keewwata 18 tiin dhiyaachuu qabaa?



Dhimmaa 21ffaa: Raawwii Waliigaltee

- **M/M/W duraanii** lakk. G.1618 ta'erratti *“himannoo waliigalteen akka raawwatuuf dhiyaatu ilaalchisee sababa hafiinsa raawwii waliigaltichaatiin miidhaan dhaqqabu ykn galiin citu sirritti ykn tilmaamaan shallagamuu ni danda'a waan ta'eef bu'uura SDFHH kew. 18 tiin dhiyaachuu hin qabu”* jechuun murteesseera.
- **Dha/Ij/M/M/W/F** lakk G.16635 ta'erratti haala walfakkaatuun murteesseera.

Gaaffii marii

- MM aangoo HD osoo hin qabatin dhimma tokkorratti murtii yoo kennee fi raawwii irratti mormiin yoo dhiyaate maal ta'uu qaba? Ykn Bu'aan murtii MM aangoo hin qabneen kennamee maali? **(GM3-38)-G3**



Dhimmaa 19ffaa

- Dhimmi kun M/M/W duraanii dhaddacha ijibbaataatiin lakk. G.380/8 irratti dhimma murtii argatee dha. Himatamaan mormii kaaseen dhimmichi falmii hojjataa fi hojjachiisaa waliinii (collective labour dispute) waan ta'eef M/M koonyaa (Awuraajjaa) ilaalee murtii kenne akka hin kennaminitti ilaallamuu qaba jedheera.
- **M/M/W** “Biyya keenyatti murtiin ‘void ab initio’ ta’e ni jiraa?? “Voidable” “hoo? Murtiiwwan ol’iyyannoon ala karaan itti sirraa’an ni jiraa? Sirreessuuf aangoo kan qabu M/M kami? Jechuun ijoo qabatee dhimmicha ilaalee jira.
- Sirna ‘common law’ keessatti murtiin “void and voidable” jechuun qoodamu. Sirna “civil law” tti murtiin sirna seeraa hordofuun laatame sirna seeraa hordofuun yoo hin diigamin akka seera qabeessatti tilmaamama .

- Madda SDFHH keenya kan ta'e SDFHH Hindiitti MM tokko aangoo malee murtii yoo laate ykn waan iraa eeggamu yoo hin raawwatin ykn murtichi kenname sirna seeraatiin ala yoo ta'e ykn hanqina ykn dogoggora bu'uura ta'e yoo qabaate MM sadarkaa ittiaanuu iyyannoo fudhuun ajaja barbaachisaa ni kenna. Kunis '**Revisional Jurisdiction**'
- Hanqni sirna seeraa (procedural justice) akkuma haqa seerota muummee ulfinni walqixxaatu kennamuufi qaba; kaayyoon SDFHHs kanuma; dogongorri deemsa falmii murtii bu'uura irraa kan daaqsu ta'uu ni danda'a.
- kana keessaa aangoon HD ilaalchisee dogongorri raawwatamu isa tokko akka ta'e SDFHHL 9,244, fi 245 fi dabalataan kwt. 207-212 ni agarsiisu

- Bu'uura kew 212 tiin ol'iyyannoo yoo hin diiggamin murtiin aangoo HD malee kenname sababa dogongora adeemsaatiin hin diigamu.
- Dogoggorri deemsaa haala afuriin sirraa'uu ni danda'a; MSD tiin, falmiin erga eegaleen booda bu'uura kew. 209tiin, bu'uura SDFHH kew 211(1) tiinii fi kew. 320(3) tiinii dha.
- Keessattuu kew. 211 xiinxalamuu qaba. Kanaaf murtiin MM ol'iyyannoon MM sadarkaa itti aanutti dhiyaachuu ni danda'a ture. Kana malees sirnoota akka filannootti taa'anittis fayyadamuu ni danda'a.
- Kanaaf haallan armaan oliitti yoo hin fayyadamiin murtichi kan ragga'u akka ta'e SDFHHL 212 **jalatti tumameera. Kanaaf murtichi MM Awuraajjaa akkuma ragga'etti hafa jechuu dha**" jechuun murteesseera.

3. Aangoo Tooraa Ykn Bakkaa(Venue Law)

❖ Bakka mijataa hin taane “Forum Non Conveniens” xiqqeessuu irratti kan xiyyeeffate yoo ta’u bu’uurri sirna qoodinsa aangoo tooraa kunis

1. Gareen himatu bakka isaaf qofa mijatutti himanna dhiyeessa jedhamee waan tilmaammuuf bakka himataaf hin mijannetti himanna dhiyeessuun rakkoof saaxiluu hin qabu.
2. carraa gareen falmitootaa ragaalee adda addaa argachuuf qaban, carraa qaamota dhiyaachuu qaban dirqamaan akka dhiyaatu gochuu, baasii ragoota dhiyeessuuf barbaachisu akkasuma wantoota biroo falmichi ariitiin,baasii xiqqaa fi salphaatti akka xumura argatan gochuu ilaalcha keessa kan galche dha.
3. Dhimmootni bakkoota muraasa qofatti akka hin baay’anneef ilaalcha keessa kangalche dha.

- Kanaafuu aangoon tooraa kan kaa'ame dantaa himataa , himatamaa fi ragaa akkasumas dhimmootni haala gabaabaan akka xumuraman gochuuf ta'uu isaa ni hubatama.
- manni murtii aangoo tooraa qabaachuu isaa bu'uura s/d/f/h/h kew.19-30 jiraniin ilaaluu qaba.
- Dhimmicha irratti aangoo tooraa hin qabu yoo ta'e himatamaa akka SDFHH kew 231 tti galmee cufuu qaba.
- Manni murtii yoo bira darbe himatamaan akka sdfhh kew.244(2) mormuu danda'a.
- Mormiin isaa kufaa yoo ta'e haqni jallachuu yoo mirkaneesse malee ol iyyachuun hin danda'amu.

Haala itti aangoon tooraa addaan baafamu

- M/M/ tokko aangoo tooraa qabaachuu isaa bu'uura SDFHHL 19-30 jiraniin mirkaneeffachuu qaba.
- Art.19(1) is **a basic place of local jurisdiction**:
- Tumaaleen kwt.19 tti aananiin ykn seera biraatiin haala addaatiin kan ibsame akkuma jiruutti ta'ee bu'uura SDFHHL 19 tiin aangoo tooraa :
 - ✓ Iddoo himatamaan dhugumaan jiraatu;
 - ✓ Iddoo himatamaan hojii daldalaa isaa

MARII

19.- *Principle*

- (1) Without prejudice to the provisions of the following Articles and to such special places of jurisdiction as may be provided for by any law, every suit shall be instituted in the court of the place where the defendant actually resides or carries on business or personally works for gain.
- (2) A suit against joint defendants may be instituted in the court of any of the places where any of the defendants resides or carries on business or personally works for gain.

MARII

- SDFHHL 19 jalatti “*aangoon tooraa tumaalee itti aananiin tuqame akkuma jirutti ta’ee..... (Indetexebeqe honoo....Ykn seera biraatiin MM birootiif aangoon yoo kenname malee... ..Leeloch firdbeetooch baleelaa higgsi silxaan kaltesexaachew baqar.....)*”j echuun tumameera.
- Kanaaf bakka seerri ykn tumaan biraa jirutti raawwatiinsaa fi raawwatiinsa dhaba tumaa kanaa ilaalchisee garagarummaan M/M keessatti ni mul’ata.
 - Muuxannoon gama kanaan qabdan maal fakkaata?
 - Isin hoo haala kamiin hiikkamuu qaba jettu?

❖ Ejjannoowwan Saditu Jira:-

➤ Ejjannoo 1ffaa: Raawwatiinsa ni qaba.

➤ tumalee 20 fi itti aananii jiraatanis SDFHHL 19 dabalataan raawwatiinsa ni qabaata.

✓ Kwt.19(1)....."with out prejudice.....
Indetexebeqe honoo....." jedhu kanuma ibsa.

➤ Ejjannoo 2ffaa: Raawwatiinsa hin qabu.

✓ aangoon Tooraa seera biraatiin yoo ibsame kwt.19(1) raawwii akka hin qabne kwt. Kun ni ibsa.

✓ Kwt.19(1)"...And to such special places...leeloch F/Beetoch beleela higgsi silxaan kaltesexaachew beqer....."

✓ Otoo raawwatiinsa qabaatee SDFHHL 27(1) jalatti qajeelfamni qaxxaamuraa (cross-reference) taasifame hin barbaachisu ture.

➤ **Ejjannoo 3ffaa: tumaaleen SDFHHL 19 tti aanan ykn seera biraa itti tumame dirqisiisaa ta'uu fi eeyyamaa ta'uu isaa addaan baasuu qabna.**

✓ Haala dirqisiisaa ta'een yoo ibsame(fkn kwt.25) raawwatiinsa kwt. 19 ni hanbisa jechuu dha.

✓ eeyyamaa yoo ta'an (Fkn kwt. 24(1) fi 27) filannoo himataatiin bu'uura

Tumaalee keewwata 19-30 akkasumas keewwata 10 waliin yoo ilaalle dhimmi tokko irratti manneen murtii garaagaraa aangoo tooraa qabaachuu danda’u. Aangoon Tooraa isaan kaan irraa adda ka isa godhu dhimma tokko irratti manneen murtii hedduuf aangoo kennuu isaati .

MARII

- **Keewwatni 20 namoota akkamii irratti raawwata? (GM-45)-c**
- Art. 20.- *Defendant residing abroad*
- (1) **Where the defendant resides, carries on business, or personally works for gain abroad, the suit shall be instituted in such court in Ethiopia as the plaintiff may choose**, unless it relates to **immovable property** which the defendant owns in Ethiopia, in which case the suit be instituted in the court of the place where such property is situate.
- (2) **Where the defendant is a foreigner not residing, carrying on business or personally working for gain in Ethiopia but he owns movable or immovable property** in Ethiopia the suit may be instituted in the court of the place where such property is situate.

Himatamaan lammii itoophiyaa yoo ta'e

- Falmii qabeenya dhaabbataa ilaallatu yoo ta'e malee bakka filannoo himataa (20(1))

Himatamaan lammii biyya biraa yoo ta'e

- Itoophiyaa keessa yoo jiraate yookaan hojjeta ta'e kew.20 raawwii hin qabu. Art.19 apply.
- Biyya alaa jiraatee-Qabeenya kam iyyuu asii qabu yoo ta'e bakka qabeenya isaa
- Biyya alaa jiraatee qabeenya homaa hin

21-suits against states

- Plaintiff residence, carries on business, or personally works
- Kt-made or to be executed
- Bakki gochi himannaaf ka'umsa ta'e uumame

22-suits against body corporate-hed office or branch.

- 23-succeession-where succeession opened

kwat 24-waliigaltee

- General kt- Place of formation, execution, and place mentioned in the contract .
- place of object insured
- Pledge, deposit, bailment- bakka qabeenichi jiru.

Kew.25 qabeenya dhaabbataa

- Bakka qabeenyichi itti argamu.
- If the suit against person-eg suit for compensation to immovable-art 19, or bakka qabeenyichaa
- Dhaaltummaa qabeenya hin sochoone ilaalchisee bu'ura kwat. 25 tiin iddoo qabeenyi jirutti moo? bu'ura kwat. 23 tiin bakkaa jireenya muummee du'aa ykn iddoo dhaaltummaan iitti banamutti ?
- **(GM-45)-B,D**



➤ **Dhimma:23ffaa(29 ffaa)**

- M/M/O/N/Amaaraa lakk. G. 16355 ta'erratti ajaja kenneen “Himatamaan 1ffaan jiraataa Finfineeti, manneen lamaan falmiif bu'uura ta'an keessaa kan tilmaama guddaa qabu Finfinnetti yoo argamu kan xiqqaa immoo Daseeti argama.
- M/M kun mana Finfinnetti argamurratti aangoo hin qabu. Kanaaf himataan walitti makee dhiyeessuun isaa sirrii miti. Mana aangoo M/M kanaa ilaalchisee mirga himannoo dhiyeeffachuu eegneefii galmee cufneera” jedheera.
- Murtii kana akkamitti ilaaltu?



➤ **Keewwata 27 Himanna beenyaa**

- miidhaa nama yookaan qabeenya irratti gahe -Bakka miidhaan gahetti dha.

Gaaffii

- Dhimmichi waliigaltee irraa yoo madde ho?Fakkeenyaaf geejjibaan osoo deemuu miidhaa irra ga'eef nama beenyaa miidhaa gaafatuuf himanni bakka waliigalteen taasifametti moo bakka miidhaan ga'etti moo bakka lameenitti iyyuu dhiyaachuu qaba jettu?



Dhimmaa 24ffaa:

- Dhimma Dh/Ij/MMWF tiin lakk G.11637 ta'erratti murtii argateedha.
- Himataan Finfinnerraa gara Jimmaa osoo deemu konkolaataan Jimma keessatti garagalee waan midheef beenyaan akka kaffalamuuf himatamaa M/M/S/duraa Federalaatti himateera.
- Himatamaan M/M aangoo tooraa hin qabu jechuun falmeera.
- MMSDF bu'uura SDFHH kwt. 10(1) tiin aangoo hin qabu jechuun galmee cufeera.
- M/M/O ol'iyyannoo dhagayee murticha cimseera.

- Dh/Ij/MMWF “Himataan tikeetii kan bitate Finfinneetti; teessoon falmitootaa Finfinnee dha. M/M/S/D/F bu’uura SDFHHL 27(1) tiin himanni kan dhiyaatu **iddoo miidhaan itti qaqabe** M/M jirutti jechuun isaa sirriidha.
- Garuu walitti dhufeenyi falmitoota jidduu jiru waliigaltee waan ta’eef bu’uura kwt. 24(1) tiinis **dabalataan ilaaluu qabna.**
- Himataan tikkeetii bituun himatamaa waliin **waliigaltee kan godhe finfinneetti** waan ta’eef bu’uura kwt. 24(1) tiin MMSDF aangoo tooraa qabaachuu isaa agarsiisa” jechuun murtii manneen murtii jalaa diigeera.

Dhimmaa 25ffaa

- **Dh/Ij/MMWF L.G. 43912** ta'e irratti
 - "...inshuransiin Afrikaa Maamila isaatiif kaffalee abbaa qabeenyaa konkolaataa miidhaa dhaqabsiise irratti himanna dhiyeeffateera. Manni MMSDF falmisiisee himataaf murteesseera.
 - MMOF immoo murtii aangoo naannoo malee kenname dha jedhee diige. himannichi miidhaa qabeenya socho'aa irra gahe waan ta'eef raawwatiinsa kan qabu SDFHH kwt. 27(1) jechuu dhaan.
 - Dhaddachi ijibbaataa- **Falmiin waliigaltee Inshuraansii kan bu'uureffatee dha waan ta'eef raawwatiinsa kan qabu kew.24(3) malee 27(1) miti. Bakka teessoo muummicha dhaabbata inshuraansii**

- Bu'uura Labsii Lakk. 25/88 kwt. 5(6) tiin dhaabbatichi mootummaa federaalaatiin kan galmaa'e waan ta'eef **dhimma federaalaati.**
- Kanaaf MM waajjirri muummee Kubaniyichaa itti argamuu aangoo tooraa ni qaba.
- Waajjirichi kan argamu Finfineetti waan ta'eef MMSDF aangoo ni qaba jechuun murteesse jira.

Dhimma 26 ffaa

- Dhimma Dh.iji.galmee lakkoofsa 48018(jil.10) irratti immoo himataan daandii irra osoo deemuu konkolaataa himatamaa 1 ffaa kan himatamaa 2 ffaan konkolaachisuun rukkutame.Himatamtootni jiraattota magaalaa finfinneeti. Miidhaan kan ga'e Naannoo oromiyaa aanaa sabbataa hawaasitti dha. Himataan himanna isaa Mana murtii sadarkaa jalqabaa federaalaatti dhiyeesse .Himatamtootni keewwata 27 caqasuun morminaan manni murtichaa mana murtii aangoo naannoo qabutti haa dhiyaatu jedhee ol iyyannoodhaanis cime.
- Dhad- ijibbaataa- Manni murtii **bakka miidhaan ga'es ta'e kan bakka teessoo himatamtootaa aangoo naannoo waan qabaniif** manni murtii sadarkaa jalqabaa aangoo qaba jedheera

❖ A/Tooraa MM Ofumaa Kaasuu ni danda'aa?

- M/M aangoo Tooraa akka hin qabne yoo hubate himatamaa otoo hin waamin bu'uura kwt. 231(1)tiin galmee cufuu qaba.
- Kun bira yoo dabrame bu'uura SDFHHL. 244(2)(a) tiin himatamaan akka **MSD** tti kaasuu qaba.

Ol iyyannoo

Bu'uura kwt. 10 tiin mormiin ka'ee MM
kufaa yoo godhe himatamaan sababa
kanaaf haqni jallachuu isaa yoo
mirkaneessuu danda'e malee mormii
kufaa ta'e qofa bu'uureffachuun
ol'iyyachuun hin danda'amu. Dhimmoota
27 fi 28 waliin ilaalaa.

End !

The